Imaammata bineensa tajaajilaa: Waan beekuu qabdan.

Yaabbatoota Bineensa tajaajilaa wajiin yeroo gara geejjibsiisutti dhufnu, konkolaachistoonni gulantaa Lyft irra jiran waanta tokkoo yaadachuu qaban: Yeroo hund eeyyeen jedhaa. **Yoo alarjiik, mormiilee amantaa yookiin aadaa, soda isaanii yoo qabaattan illee** yeroo hunda bineensoota tajaajilaa keessummeessuuf imaammata seeraatii fi Lyft tiin gaafatamtu.

Bineensoonni tajaajilaa konkolaachistoota Lyft tiif gaaffii muraasa kaasuu akka danda'aan ni beekna garuu isaan Namoota heedduu dhaaf barbaachisoo dha.Konkolaachistoota Lyft akka keettii kan yeebbatoota bineensoota tajaajilaa akka yaalii tokkoon maleetti hawaasa isaanii keessa naanna'aan gargaarauuf iddoo addaa qabduu — kana akka fardiittii waan fudhattanii fi namoonnii yeebbii keessan yeroo haalan barbaadanitti achitti waan argamtaniif galatoomaa.

Gaaffiilee Yeroo Baay'ee Gaafataman Konkolaachistootaaf

Bineensoonni tajaajilaa maali?

Bineensoonni tajaajilaa bineensoota hojjattani malee, bineensoota mana miti.Bineensoonni tajaajilaa namoota qaama miidhamaa gargaaruu dhaaf jecha leenjii bal'aa fudhatu.Namoota ijjaa isaani hin illaale akka imalan, namoonni duudaan sagaleewwan akka beekaan, namoota gaggaba qaban eeguuf ni gargaaran akkasumas namoota qaama miidhamaa gargaaruuf hojiilee biroo hedduu ni hojjatu.

Bineensoonni tajaajilaa mallattoo yookiin uffata uffachuu yookiin galmaa'uu hin dirqaaman.Imaaltotni bineensoota tajaajilaa wajjiinii ragaa kan bineensoonni isaanii bineensoota tajaajilaa akka ta'an ibsu kamiyyuu agarsiisuun isaan hin barbaachisu.Jechootaa birootiin, yoo yaabbataan saree wajjiinii bineensa tajaajilaati jadhe, konkolaachistichi yaabbataa geejjibsiisuu qaba.

Akka hojjetaa walabaatti, bineensoota tajaajilaa keessummeessuun filannoo kiyyaa miti moo?

Nuti namoota galummaa fi bilisummaa jaallataniif Lyft uumne, akkasumas ammallee dhimmi isaa sanuuma.Haa ta'u malee hojjettoonni walabaatilleen seera hordofuu qaban.Fakkeenyaaf, isinii fi yaabbataan keessan yennaa Lyft dhaan konkolaachistan qabattoo tessumaa uffachuun imaammata fi seeraa Lyft ti.Kanumaan wal-fakkaate, , bineensoota tajaajilaa keessummeessuun imaammata fi seeraa Lyft ti.

Bu'aan bineensoota tajaajilaati yaabbisiisuu diduu dhaa maali?

Yoo konkolaachisaan bineensoota tajaajilaati wajiin yaabbisiisuu didee, yoo qorannoo diddaa uumamtee diddaa dogongoraa ta'uu mirkaneesse konkolaachisaan battalaati fi dhaabataa dhaan dhowaamu mudachuu nii danda'a.

Bineensoonni tajaajilaa dhugumatti bineensoota tajaajilaa ta'uu isaanii akkamittiin beeka?Yoo imalaan saree isaanii dogongoran akka bineensoota tajaajilaa ta'an ibsaa jira jadhee yaade hoo?

Odoon gammachuun dhimmaa bineensoota-tajaajilaa irratti sobni naannoo keenyatti baay'ee kan hin argamne ta'uu fi imaltoota kan balaa kaka'uumsa-alaa irra isaa kan ka'u dha.Garuu yoo barbaaddan, bineensoonni isaanii akka bineensoota-tajaajilaa ta'an kan gabaasaan gaaffilee

yaabbattootaa lama gaafachuu ni dandeessan: (1) bineensichi kan barbaachiseef sababa qaama miidhamuuma tiifi?Fi (2) hojii yookiin gochaa kam akka hojjatuuf bineensichi leenji'e?Gaaffiileen kuni bineensichi bineensa tajaajilaa ta'uu isaatiif sii mirkanesu.

Kana jechuun, dogongoraan tilmaamuu dhaan ofii keessan balaa kaka'uumsa-alaa irraatti buustan hin barbaannu.Imaltoonni tokko tokko bineensoota tajaajilaa sababoota beekkamoo dhaaf hin fayyadaman, kan akka gaggabdoo yookiin dhukkuboota onnee.Bineensoonni tajaajilaa hundi mallattoo hin uffatan akkasumas bocaa fi hangaa hundatti ni dhufa.Sababoota kanaaf, yemmuu yaabbattoonni akka bineensoota tajaajilaa ta'an sitti gabaasan bineensoota keessummeessuun gaarii dha.

Yoo gaaffiilee waa'ee imaammata yookiin yoo yaabbataa imaammata cabseera jatte yaadduu gabaasuu barbaaddee, erga yaabbii xumurtan **booda**Deeggarsa Lyft tii fi sarara bineensoota tajaajilaa qunnamuu qabdan.

Ani konkolaachisaa bineensaa tajaajilaa kan qabuu dha — seeroonni maal faa dha?

Konkolaachistoonni bineensoota tajaajilaa isaaniitii wajjiin yaabbachuun hayyamamuufiin imaammata Lyft dha.Haa ta'u malee, kuni lakkoofsa imaltoota fe'achuu dandeessuu daangeessuu ni danda'a akkasumas imaltoonnii garii itti toluu dhabuu yookiin toora bineensoota tajaajilaa tiif alaarjikii qabaachuu malu waan ta'eef gaaffii isaanii akka haqtuu si gaafatu.Dursitee yaabbataaf bilbiltee waa'ee jiraachuu bineensaa tajaajilaa beeksistuu ni gorfama.Yoo bineensaa tajaajilaa kee wajiin konkolaachisuu hin danda'aan ta'e, akka isaan konkolaachisaa biroo gaafachuu danda'aniif dirqama gaafficha haquu qabda.Gorsa-dursaa: gaaffichi yoo kan dhihoo irraa dhufee ta'e, gaaffiin yaabbataa kan itti aanuu qeebaluu dhabuuf daqiiqaa tokkoof haalata konkolaachisaa irraa bahaa.

Cabiinsa imaammata bineensoota tajaajilaa gabaasuu dhaaf, 1-844-554-1297 irraatti bilbilaa yookiin applikeeshinii Lyft irratti yookiin gara Wiirtuu Gargaarsaa tiin 'Deeggarsa Qunnamaa' kan jedhu filadha.

Waa'ee Lyft qoodamuu hoo?Yoo yaabbaataan Lyft qoodamaa kiyyaa irraa alaarjikii yookiin mormii bineensa tajaajilaa irraatti qabaate hoo?

Imaltoonnii Lyft qoodamaa gaafatan carraan isaan namoota biroo wajjiin naannoo cufamee keessa yaabbachuu danda'an bal'aa akka ta'e beekuu qaban.Kana jechuun yeroo tokko-tokkoo olbaasa-buusaa, xayyaara yookiin waajjira xiqqaa keessatti bineensoota tajaajilaa akkuma argitanitii jechuu dha.

Yoo yaabbaataan alaarjikii yookiin mormii bineensoota tajaajilaa qabu hamaa yoo ta'e, konkolaachisaa biroo gaafachuu ni danda'a.Yoo barbaachisa ta'e, imala yaabbataa bineensoota tajaajilaa hin taanee adaba malee haquu ni dandeessa.Akka konkolaachisaatti rakkoo yoo qabate — yookiin dhimmoota waa'ee Sadarkaa kennuu irraatti yoo qabaattee — erga yaabbii xumurtanii booda Lyft itti gama Wiirtuu Gargaarsaatiin qunnamuun nutti gabaasaa nutimmoo isin qajeelchina.

Lyft qoodamuu irraa yoo kutaan bineensoota tajaajilaa tiif hin jiraannee ta'e hoo?

Bineensoonnii tajaajilaa yeroo heedduu miila abbooti issaani jalaa yaabbatu, kanaaf iddoo dabalataa hin barbaachisuu.Yoo akkas godhan, imaltoonni biroo hubatanii yeroo barbaachisuttii kutaa akka isaaniif godhan argineerra.(Yaaddannoo: dandeettiin Lyft qoodamuu yeroo gaaffiin

nama bineensa tajaajilaa qabuu irraa argattani wajjiin wal-fakkaataa irrattii ta'u isaa dabaree darbeeti. Bineensa tajaajilaa wajjiin yaabbii jalqabunis dabaree darbeeti argatta.)

Bineensoota tajaajilaa hin ta'in geejjibsiisuun narraa eeggamaa?

Gaaffiilee lamaan armaan olii gaaffattee yoo yaabbataan bineensichi bineensa tajaajilaa miti sin jadhe, yaabbicha haqxee deeggarsa beeksisuu irraatti to'aannaa ni qabda — sadarkaa haquu keetiirrattii dhiibbaa hin taasisuu.

Bineensoota hunda akka fuutu haa si jajjabeessinuu malee, bineensoonni miiraan deeggaraman Imaammata yookiin seera Bineensoota Tajaajilaa keenya jalatti waan hin golgamneef keessumeessuuf hin dirqamtan.

Karaan bareedaan ittiin bineensoota tajaajilaa geejjibsiisan kami?

Yaabbattoonnii yeroo hunda haayyama bineensoota Tajaajilaa isaanii of jalaa qabaachuu dhaa dirqama qabaachu qaban yookiin bineensoota tajaajilaa isaanii akka duuba yookiin jirmaa makiinaa keessaa kaa'an gaafatamuu hin qaban. Bineensoonni tajaajilaa hedduun makiinaa akka yaabbatan yookiin keessaa yookiin lafa teessoo darbe darbee jala akka taa'an leenji'anii jiran. Konkolaachistoonni garii konkolaataa isaani keessatti taawola yookiin kunbula baadhachuu fedhu akkasumasa eeguuf jecha meeshaa kana teessoo irraa kaa'aan.
Rakkoo bineensoota tajaajilaa akkamittiin gabaasa?

Sarara Bineensoota Tajaajilaa 1-844-554-1297 irratti bilbilaa, nuti isin gargaarraa.Imaltoonninii fi konkolaachistoonni rakkoo barreeffaman gabaasuu filatan gama appilikeeshinii Lyft tiin yookiin Wiirtuu Gargaarsaa tiin dhimmicha gabaasuu ni danda'an.

Imaammata Bineensa Tajaajilaa

Seerrii naannoo fi fedaraalaa konkolaachistoota akka tajaajila geejjibaa gama appilikeeshina Lyft tiin qindeeffame kennaan tajaajila yaabbi yaabbattoota bineensoota tajaajilaa qaban diduu fi yaabbattoota bineensoota tajaajilaa irratti loogii hojjechuun nii dhoorka.Seera kana cabsuudhaan konkolaachistoonni gochoota loogii ta'an irratti hirmaatan gahuumsa gulantaa Lyft ni dhabu.

I. Bineensii tajaajilaa maali?

Bineensii tajaajilaa namoota qaama miidhamaa dhaaf akka hojjetan yookiin hojiilee akka dalaganiif kan leenjii'anii dha.Akaakuu bineensoota tajaajilaa hedduutu jira.Bineensoonni tajaajilaa irraa gudaan saroota dha.Akaakuun bineensoota tajaajilaa baramoon namoota ilaalu hin dandenyeef akka imalan kan gargaaran saree qajeelchituu fi namoota duudaa sagaleewwan sirriitiif saffi qophee kan taasisan saree mallatoo faa dha.Dirqamni bineensoonni tajaajilaa mallattoo uffachuu, galmaa'uu, yookiin ragaa kamiyyuu kan bineensoota tajaajilaa akka ta'an ibsu agarsiisuuf isaan dirqu hin jiru.

II. Dirqamoota seeraa kan konkolaachistoota

Konkolaachistoonni yoo alarjiik, mormiilee amantaa yookiin aadaa, sodaa Tajaajila Bineensootaa, yookiin sababa biroo kamiyyuu kan ifatti Goocha Midhamtoota Amerika (ADA,

Americans with Disabilities Act) dhaan hin muudamin qabaate illee yaabbattoota bineensoota tajaajilaa wajjiinii geejjibsiisuuf dirqama seeraa ni qaban.Konkolaachisaan tokkoo sababa bineensoota tajaajilaa tiif jecha yoo yaabbattoota bineensoota tajaajilaatii wajjiinii geejjibsiisuu dide, konkolaachistichii seeraa fi Walii-galtee Tajaajilaa Lyft kan ittiin walii galee diigaa jira.

Konkolaachisaan yaabbattoota bineensi isaanii akka bineensoota tajaajila tahan waraqaa ragaa akka dhiheessan gaafachuu hin qabu.Seerrii bineensi yaabbattootaa akka bineensoota tajaajila tahan mirkaneessuuf konkolaachisaan gaaffiilee lama qofa gaaffachuu danda'uu isaanii dhiheesseera: (1)bineensichi kan barbaachiseef sababa qaama miidhamuuma tiifi?Fi (2) hojii yookiin gochaa kam akka hojjatuuf bineensichi leenji'e?

III. Bu'aawwan konkolaachistoota seeraan alaan yaabbattoota bineensoota tajaajilaatii wajjiinii geejjibsiisuu didan

Lyft akka konkolaachisaan beekaa sababa bineensoota tajaajilaa tiif jecha yoo yaabbattoota bineensoota tajaajilaatii wajjiinii geejjibsiisuu diduu isaa mirkaneesse, konkolaachistichii dhaabbataa dhaan gulantaa Lyft irraa ni baafama akkasumas tajaajila geejjibaa gama gulantaa Lyft tiin qindeeffame kennuu irraa ni dhorgama.

Lyft yoo Koomiiwwan Bineensoota Tajaajilaatii ragaan tokkoo ol kan himata (a) kolkolaachisichii sababa jiraachuu bineensoota tajaajilaa tiif jecha yaabbataa Bineensoota Tajaajilaatii wajjiinii geejjibsiisuu diduu isaa, yookiin (b) sodaachisuu, miidhuu, hammeessuu, tajaajila gadi aanaa kennuu isaa yookiin sababa argamuu bineensoota tajaajilaa tiif jecha yaabbataa yookiin nama biroo kan garee yaabbataa keessa jiru irrattii mormaa yoo turuu isaatiin kan wal qabatu yoo argate, kolkolaachisichii dhaabbataa dhaan gulantaa Lyft irraa nii baafama.

IV. Koomiiwwan bineensoota tajaajilaa gabaasuu

Yaabbattoonni dhimmoota bineensoota tajaajilaa diddaa tajaajila geejjibaa, miidhaa, cunqurfama biroo, yookiin kaffaltii qulqullinaa kan sirrii hin taanee, dabalatee Lyft itti gabaasuu ni danda'an. Koomiiwwan barreefaman yookiin Sarara Koomiiwwan Bineensoota Tajaajilaa kana **1-844-554-1297** irratti bilbiluudhaan guutamuu ni danda'ama. Gara appilikeeshinii Lyft tiin barreeffamaan koomiiwwan galchuudhaaf: baafata muummee jalaa "Gargaarsa" irratti tuqaa; wal-qabsiistuu "Bineensoota Tajaajilaa" irratti tuqaa; biinkoo "dhimmoota bineensoota tajaajilaa gabaasuu" irratti tuqaa. wal-qabsiistuu gara unka koomiiwwaniitis fuula Bineensoota Tajaajilaa ni argama https://help.lyft.com/hc/en-us/articles/214589657-Service-Animal-Policy yookiin kana irratti gama unka koomiiwwan waaalii galaatiin gabaasuun ni danda'ama.

Lyft koomiiwwan bineensoota tajaajilaa ni qorata akkasumas Walii-galtee tajaajilaa Lyft tii fi imaamma bineensoota tajaajilaa kana irratti hundaa'uu dhaan taarkaanfii ni fudhata.Lyft guyyaa koomii irraa jalqaba hanga torbaan lamaatti waa'ee bu'aa qorannoo fi tarkaanfiiwwan Lyft komicha furuuf fudhate yookiin fudhachuu deemuun yaabbataa ni beeksisaa.

V. Mirgootaa yaabbattoota bineensoota tajaajilaa

Yaabbataan sababa bineensoota tajaajilaa isaa yookiin ishii wajjiin imalaa jiruuf tajaajila dhorkamuu hin qabu.Yaabbataan kaffaltii haqiinsaa yaabbii kamiyyuu yookiin kaffaltii kamiyyuu kan sababii konkolaachisaan tajaajila yaabbii bineensoota tajaajilaa tiif jecha dideef isinirratti fe'ame isaaniif ni deebifama.

Yaabbattoonni waa'ee deebii loogii bineensoota tajaajilaa irratti hundaa'uun isaanirratti raawwatameetiif tarkaanfii Lyft fudhaatuu, Lyft walitti dhufeenyaa daldalaa isaa kan konkolaachisichaa wajjiinii keessatti hirmaatan xumuruuf xumuruu dhabuu isaa dabalatee Lyft dhaan ni beeksifaman.

Lyft yaabbataa tokkoon-tokkoo akkaataa qabamiinsa loogii konkolaachiisaatiin kan bineensoota tajaajilaa Ameerika keessatti gulantaa Lyft gubbaa irratti ilaalchisee koomii amaansiisaa dhiheessuu danda'aniif eenyummessaa kaardii kaffaltii isaanii irratti gulantaa Lyft irratti akka fayyadamaniif $5 gad kan hin tane ni keenna.

VI. Kaffaltiiwwan qulqullinaa

Yaabbattonnii bineensoota tajaajilaa isaanii dhuufuu dhaaf kaffaltii qulqullinaa kaffaluuf hin dirqaaman.Yaabbattonnii bineensoots tajaajilaa isaanii dhuufuu dhaaf kaffaltii qulqullinaa kaffallan ni deebifamaaf.

Yaabbattonnii kaffaltii qulqullinaa kan kaffalan yoo konkolaachisichii ragaa suuraa amaansiisaa kan bineensi tajaajilaa garee yaabbataa dhaa makiinaa konkolaachisichaa keessatti fincaa'uu, sagaraa bahuu fi balaqamuu isaa agarsiisu dhiheessee dha.Yaabbataan laqaminsa akkanaatuu uumame jadhee mormuu ni danda'a.Yaabbataan kaffaltii qulqullinaa kaffaluuf kan mormuu yoo ta'e, Lyft mormichaa ni qorata akkasumas kaffaltii qulqullinaa deebisuufi deebisuu dhabuu isaa torbaan lama keessatti ni murteessa.Yoo yaabbataa dhaan gaafatame Lyft yaabbataa ibsa barreeffamaatiin murtii isaani ni dhiheessa.